# COVID-19 dhaaf King Kaawuntii Keessatti Talaallii Fudhachuu

**Amma COVID-19 irraa nu tiksuuf talaalliiwwan nagaa fi bu'a qabeessa ta'an ni qabna.**

**Talaalliiwwan COVID-19 bilisa** fi haalli inshuraansii fayyaa, lammummaa, ykn immigireeshinii otoo hin ilaalamin ni dhiyaata. Talaalliin Medicare, Medicaid, fi inshuraansii dhuunfaa tiin ni hammatamu, namoota inshuraansii hin qabneefis ni kafalamaaf. Yoo talaallii dhuma qofa fudhachuuf dhaqxan, haakimni keessan kafaltii biroo isin kafalchiisun hin danda'u.

**Talaallii si'a meeqa akka fudhachuu isin barbaachisu hakima keessan gaafadhaa**. Guutudhaan bu'a qabeessa ta'uuf, talaalliiwwan Moderna fi Pfizer fudhannaa lama barbaadu, torbee sadii ykn afur walirra fageenyan, Johnson & Johnson fudhannaa dhuma tokko qofa barbaada.

**Talaalliiwwan COVID-19 nagaa fi haalan bu'a qabeeyyii dha.** Talaalliiwwan COVID-19 martuu otoo fayidaa irra hin ooliin dura, qorannoo fi madaallii jabaa jala darbuu qabu. Bulchiinsi Nyaataa fi Qorichaa U.S. talaalliiwwan yeroo muddamaaf akka fayyadaman raggaasise fi yaddoowwan nageenyaa cimaa kamuu hin argine. Ogeeyyin walabaa akka isaan sadarkaawwan ol'aanaa nagaa fi bu'a qabummaa guutan mikaneessan.

**Dhiibbawwan cinaa isinitti dhaga'amuu mala.** Akkuma talaalliiwwan kaanii, dhukkubbii harkaa, oo'aa qaamaa, bowwoo, ykn dadhaabiin erga talaallii argattanii booda qabaachun ni mala. Kun mallattoowwan sirni dhibee irraa of'eeguu qaama keessanii tika ijaaraa jiraachuusaa agarsiisa.

**Erga talaallii fudhatanii booda nageenya walii eegaa.** Otuma talaalliichi akka hin dhukkubsanne isin tiksuu, amman akka gaaridhan dadarbuu COVID-19 dhoowwu ammallee baraati jirra. Haguuggii keessan uffachuu, faana ja'a (meetroota lama) walirraa fagaachuu itti fufaa fi qajeelcha CDC namoota guutudhumaan talaallii fudhatanii ilaalaa: bit.ly/fully-vaccinated

Public Health
Seattle & King County

# AKKAMITTI AKKA TALAALLII ARGACHUU DANDA'AN

Jalqabatti, dhiyeenyiiwwan talaallii COVID-19 isteeta maraaf biyya guututti daanga'a dha. Talaalliin jalqaba gareewwan haalan saaxilamoo ta'aniif kennama, kan akka hojjatoota kunuunsa fayyaa, namoota guguddoo 65 olii fi namoota bakkeewwan tuutan jiraatan keessaa.

Ebla 15, 2021 kaasee, namoonni umrii 16 ykn olii kamuu talaallii fudhachuuf ulaagaa guutu.

Ammatti dhiyeenyi talaallii fi beellamoonni daanga'oo dha. Akkuma dhiyeenyi/dhiheessuunn dabaleen namoota dabalataaf talaalliin kennama. Dhumarratti, namni talaallii barbaadu martuu argachuu ni danda'a.

**Beellama Qabsiisuu**
Yoo talaallii fudhachuuf ulaagaa guutan, filannoowwwan beellama qabsiifachuu:

1) Akka beellamoota talaallii qabaatan ilaaluf, **Biroo doktara** ykn dhiyeessa kunuunsa fayyaa **keessaniitti bilbilaa.**

2) **Bakkee agarsiisaa** talaallii Isteeta Waashingyan fayyadamaa (afaan filadhaa meennuu gadi-buusuu xiyyoo gubbaa-mirgaa irraa fayyadamaa: **VaccineLocator.doh.wa.gov**)

3) **Beellama talaallii bilbilaan qabachuu barbaaddu?** Giddu galeessa Waamicha COVID-19 King Kaawuntii guyyaa kamuu sa'aa 8 AM – 7 PM walakaatti 206-477-3977 irratti bilbilaa. Turjumaanni ni dhiyaata – yeroo wal qunnamtan afaan baraaddan himaa.

Waa'ee eenyuu talaallii argachuu akka danda'u fi akkatti talaallii argachuu danda'amu irratti odeeffannoo dabalataatif: kingcounty.gov/covid/vaccine/oromo

# GEEJJIBA GARA BEELLAMA TALAALLII KEESSANII

- Gargaarsa bilbilaatif, Sarara Gargaarsaa Geejjibaa Qinda'aa Talaallii **425-943-6706** irratti **Wiixataa-Jimaata 8:30 AM – 4:00 PM walakkatti bilbilaa**. **5 xuqaa turjumaanaf.** Ergaa sagalee dhiisuu dandeessu, bilbila deebii argadha.
- Namoota baay'ee dhaaf geejjiba gaafachuuf, maaloo ilaalaa (Ingiliffa qofa): bit.ly/vaxride
- Dulloota, namoota hanqina qaamaa qaban, fudhatoota Medicaid, fi loltuuwwan duraanii dabalatee waa'ee filannoowwan geejjibaa barachuuf: FindARide.org/COVID ilalaalaa.

Public Health
Seattle & King County